

# Tooftaa Maatii Bu'uuraaj Jijiiru (Meeshaa Leenjii)





## Tooftaa Maatii Bu'uuraaj Jijiiru

**Kaayyoo:** Tooftaan maatii bu'uuraaj jijiiruuuf qophaa'e kun kaayyoona isaa walitti dhufeenya koorniyaa irratti hubannoo miseensota maatii uumuu dha. Keessumaayyuu, gama itti fayyadamaa fi to'annoq qa-beenyaaatin akkasumas qabeenya irraa faayidaaa argachuu fi qoodinsa hojii irratti hubannoo uumuudhaan walitti dhufeenya koorniyaa maatii gidduu jiru bu'uura irraa jijiiruu dha.

**Kaayyoo leenjii:** Leeniin kun haala qabatamaa fi hirmaachisaa ta'een kan kennamu yammuu ta'u, miseensota maatii hunda hirmaachisuudhaan walitti dhufeenya koorniyaa dubartoota, dhiiraa, ijoolee dubraa fi ijoolee dhiiraa gidduu jiru adda baasa. Xumura leenjichaa irrattis miseensonni maatii:

- *Walitti dhufeenya koorniyaa sadarkaa maatii jiru ni hubatu;*
- *Eenu maal akka hojjetuu fi ba'aan hojii miseensota maatii murtaa'an irra jiru hangam akka ta'e adda baasuu danda'u;*
- *Eenu qabeenya kam akka fayyadamuu fi to'annoq fi faayidaa qabeenyawwan gara garaa irratti qaban adda baasuu danda'u;*

- *Maatiin tokko nageenya, fayyaa, barnootaa fi waliigaltee gaarii qabaachuun bu'aa inni qabu irratti beekumsa ni horatu;*
- *Garaa garummaa jiru dhiphisuuf karoora raawwii hojii maatiif ta'u adda baasu.*

**Yeroo Kenname:** Sadarkaa hubannoo fi dandeettii haala mijeessuu miseensonni maatii qaban irratti hundaa'uun sa'aa 1-2.

**Gareewan irratti Xiyyeeffatamu:** Miseensota maatii hunda

**Afaan Leenjii:** Afaan naannoo

**Iddoo leenjii:** Iddoon leenjii ganduma keessatti bakka leenifamtoonnii fi qondaaltonni naannichaa walta'uun filatan ta'a.

**Meeshaalee leenjii:** Meeshaalee naannootti argaman kanneen akka gug-guroo ('xaxarii') yookaan sanyii midhaanii, ulee yookaan wadaroo kan tuuta yookaan sarara tolchuuf gargaaran akkasumas kaardiwwan bifa adda addaa kan argaman yoo ta'e yookaan waraqaa qofa maarkara yookaan qalama wajjiin.

### Sadarkaawwan Leenjiin ittiin Mijaahu

Tooftaan maatii bu'uura jijiiruuuf qophaa'e kun yeroo raawwatamu, sadarkaawwan itti aanaan kun hordofamuu qabu:

## *Sadarkaa I*


- Namoota afur kan fedha ofiin akka 1) bulchaa maatii, 2) haadha/abbaa, 3) ilmaa fi 4) intala ta'anii tapha fakkeessoo/taatee taphatan adda baasuu;
- Namoonni afuran fedha qaban tarree galanii hirmaattota fuullee akka taa'an itti himi;
- Hirmaattonni ammoo gartokkeen marsaa galanii (semicircular) taa'uu qabu (wanti hojii kana adda kutuu malu akka hinuumamne, mana keessatti yookaan dahoo jalatti yoo hojjetame gaarii dha).



## *Sadarkaa 2*

- Namni hojichaaf jalqaba itti gaafatatummaa qabu eenyu akka ta'e hirmaattonni akka itti waliigalan erga gaafatteen booda, hirmaattonni hojichaaf qophaa'an akkaataa guddina ba'aa ho-jiin yookaan akkaataa mirga itti fayyadamummaa fi to'annaa qabeenyaan walsimuun akkamitti gugguroo yookaan baaqelaa akka wal-irra tuulan itti agarsiisi.

7





## Sadarkaa 3

- Tuulaawwan gugguroo yookaan baaqelaa qophaa'an ulee fayyadamuun adda baasiitii, hojiilee sana hirmaattonni akka maqaa dhahan gaafachuun tarreessi. Jalqaba hojiilee mana keessatti hojjetaman fi hojiilee guddisa daa'immanii fakkeenyaaaf, nyaata qopheessuu, bishaan waraabuu, qoraan guuruu, daa'imman kunuunsuu fi kkf, itti aansuun ammoo hojiilee qonnaa, fakkeenyaaaf, beeyilada horsiisuu, loon elmuu, oyiruu qotuu, aramaa aramuu fi kkf tarreessi.
- Hojiilee jalqaba tarreeffamaniif, miseensota maatii hunda dura itti gaafat-amummaa qaban irratti hirmaattonni akka waliigalan gaafachuun, sadarkaa itti gaafatamummaa isaanii irratti hundaa'uun miseenota maatii tokkoon tokkoo isaaniif (abbaa, haadha, ilmaa fi intala) lakkoofsa 1-10 kenni. Miseensi maatii hojichaaf itti gaafatamummaa ol'aanaa qabu, miseensota maatii birroo itti gaafata-mummaa xiqqaa qabaniin yookaan inumaayyuu hin qabneen wal-biratti yammuu ilaalamu, lakkoofsa ol'aanaa argata.
- Lakkoofsa miseensa maatii tokkoon tokkoof akka kennamu itti waliigalame irratti hun-daa'uudhaan gugguroowwan "miseensota maatii" fuullee kaa'i.

- Hojiilee guguddoo irratti xiyyeffachuu fi baay'ina hojiilee waliigalaa daangessuun hunda isaanii tarreessuu itti fufi. Yeroo qusachuuf jecha baay'inni hojiilee kan waliigalaa 15-20 caaluu hin qaban. Hojiilee hundaaf tartiibuma walfakkaatu irra deebi'i.



## Sadarkaa 4


- Qabeenyawwan miseensonni maatii hundi qaban tarreessiitii; qabeenyawwan kana eenyu akka fayyadamuu fi to'atu hir-maattota gaafadhu. Shaakalli kun maatii keessatti namoota keessumaayyuu dhiiraa fi dubartoota gaheessota, qabeenyawwan sana to'achuu fi irratti murteessuuf aangoo qaban irratti xiyyeffata. Miseensonni maatii garri caalaan qabeenyawwan jiran hanga tokko itti fayyadamuu akka malan hubannoo keessa galchuun, lakkoofsa miseensa maatii tokkoon tokkoo isaaniif akka kennamu itti waliigalame irratti hundaa'uudhaan gugguroowwan "miseensota maatii" fuullee kaa'uu itti fufi.
- Hojiilee fi qabeenyawwan tarreessuu erga xumurteen booda, bakka bu'oonti maatii gug-guroowwan isaanii fudhatanii akka lakkaawan gaafadhu.



## Sadarkaa 5

- Baay'ina/bu'aa dhumaa miseensi maatii tokkoon tokkoon argate hirmaattota beeksisuun, miseensonni maatii tokko tokko kaan caalaa maaliif gugguroo hedduu akka argatan hirmaattonni akka mari'atanii fi yaada itti kennan taasisi.
- Haal-mijeessaan, hirmaattonni sababiiwan bu'aawwan kana duuba jiran akka qoratan ni ja-jjabeessa; akkasumas ka'umsaa fi dhiibbaa isaa akka xiinxalan ni qajeelcha. Gaaffilee haal-mijeesaan akka gaafatu dhihaatan keessaa:
  - *Shaakala kanaan maaltu isinitti dhagahame?*
  - *Maal irraa barattan?*
  - *Dubartoонни hojiilee murtaa'an maaliif hojetu? Dhiirri maaliif hin hojenne?*
  - *Gama galii/fayyaa/barnootaa/walmadaallii ba'aa hojitiin maatii irratti dhiibbaa maal qaba?*
  - *Qabeenya fayyadamuu fi to'achuu irratti akkasumas bu'aa irraa argachuu irratti eenyutu caalaa carraal/mirga qaba? Maaliifi?*

- Maatii keessatti walitti dhufeenya gaarii uumuu irratti, gama omishtummaa, gaafata-mummaa, dinagdee fi kkfnin dhiibbaawan inni qabu maal fa'a?



## Sadarkaa 6

Haal-mijeessaan itti aansuun kan gaafachuun qabu: Argannoowwan kana furuuf maaltu raawwa-tamuu qaba? Miseensonni maatii dursa fudhachuun dhimmoota furmaata ta'an kennuu qabu. Dhimmoota itti aanan kana qalbeeffad-hu:

- *Qabiyyeewan hojiilee fi guddinni isaanii maatii maatiidhaan waldabru.*
- *Haal-mijeessitoonni, maatiwwan ofuma isaaniitiin karoora raawwii hojii akka qopheeffatan gargaaruu qabu. Haal-mijeessitoonni ofii yaada furmaataa kennuin dhiibbaa gochuu irraa of quisachuu qabu*
- Hirmaattonni haala jiru kana akka-mitti akka jijiiran itti yaaduu akka jalqabanii fi karoora raawwii hojii isaaniillee maatii isaanii akka beek-sisan gaafachuun kutaa leenjichaa xumuri.

**Yaadannoo:** Gaheewwan koorni-ya hawaasaan kan uumamani dha. Adeemsa jirenya hawaas-ummaa keessatti kan barataman yammuu ta'u, dhiirri, dubartoonni, ijoolleen dhiiraa fi dubraa eenyum-maa koorniyaa isaanii baratu. Haalli kunis eenyummaa koorniyaa isaanii irratti hundaa'uun akka ji-raatan karaa qajeelcha. Eenyum-maan koorniyaa maatii, hawaasaa fi dhaabbilee keessatti gahee fi itti gaafatamummaa qaban, haala itti fayyadamaa fi abbummaa qa-beenyaa isaanii, carraawwaniifi gufuuwwan isaan quunnaman kan murteessu ta'a.



## Fakkeenya:

Ibsa waa'ee hojii (**Hojiilee qonaa fi hojiilee mana keessaa**) fi **Qabeen-yaawwanii**

Hojiilee	Dhiira	Dubartoota	Ijoollee dhiiraa	Ijoollee dubraa
Nyaata qopheessuu		XXX		XX
Uffata miiccuu		XXX	X	XX
Bishaan waraabuu fi... kkf				
Qotiisa				
Aramaa aramuu				
Omisha walitti qabuu				
Midhaan dhahuu fi ... kkf				

<b>Beeyilada</b>				
Horsiisuu				
Elmuu				
Aannan raasuu fi kkf				
<b>Hojii qonna hin taane</b>				
Daldala xixiqqaa				
Uffata faayeessuu (Embroidery) ...kkf				

<b>Qabeenyaaawwan (Fayyada-muu fi to'achuu)</b>				
Beeyilada				
Lafa				
Mana				
Meeshaalee maatii				
Maallaqa				





# FEED THE FUTURE

The U.S. Government's Global Hunger & Food Security Initiative



**USAID**  
UMMATA AMERIKA AYRA

